Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan hundaa yeroo gara firaasha isaanitti bahanitti ganaa isaanii lameen walitti qabanii, eegasii isaan keessatti tuttufuun: {Qul huwa allaahu ahad}, {qul a'uuzu birabbi al-falaq} fi {qul a'uuzu birabbinnaas} isaan keessatti qara'anii

Aa'ishaa irraa odeeffame -Rabbiin isii irraa haa jaallatu-: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan hundaa yeroo gara firaasha isaanitti bahanitti ganaa isaanii lameen walitti qabanii, eegasii isaan keessatti tuttufuun: {Qul huwa allaahu ahad}, {qul a'uuzu birabbi al-falaq} fi {qul a'uuzu birabbinnaas} isaan keessatti qara'anii eegasii qaama isaanii irraa bakka danda'an isaan haxaawan ture, mataa isaanii, fuula isaanii fi qaama isaanii gara fuulduraa irraa eegalu, yeroo sadii waan sana hojjatu.

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

karaa isaanii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hirribaaf jecha yeroo firaasha isaaniitti bahanitti ganaa isaani lameen walitti qabanii ol fuudhuun -akka namni Rabbiin kadhatu ol fuudhutti- gorora xiqqoo waliin afaan isaanii keessaa afuuffaa xiqqoo isatti afuufuun suuraa sadeen: {qul huwallaahu ahad} {qul a'uuzu birabbi al-falaq} fi {qul a'uuzu birabbinnaas}, eegasii ganaa isaanii lameeniin mataa isaanii, fuula isaanii fi qaama isaanii gama fuulduraa irraa eeegaluun qaama isaanii irraa hanga danda'an haxaawu, yeroo sadi irra deddeebi'uun akkas godhu.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65060

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee